# GOETHE-ZERTIFIKAT A2

# UND

# GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH

## DURCHFÜHRUNGSBESTIMMUNGEN
## TOOFTAAWWAN QORMAATAA

Stand: 1. September 2025
Guyyaa Gosti Kun Itti Qophaa'e: Fulbaana 1, 2025

Zertifiziert durch
Kan mirkaneesse

ALTE Q218

GOETHE INSTITUT

Sprache. Kultur. Deutschland.

# Durchführungsbestimmungen zu den Prüfungen GOETHE-ZERTIFIKAT A2 und GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH

Stand: 1. September 2025

Die *Durchführungsbestimmungen* zu den Prüfungen GOETHE-ZERTIFIKAT A2 für Erwachsene und GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH für Jugendliche sind Bestandteil der *Prüfungsordnung des Goethe-Instituts* in ihrer jeweils aktuellen Fassung.
Die *Durchführungsbestimmungen* beschreiben die Bestandteile der einzelnen Prüfungen und regeln die prüfungsspezifischen Bedingungen der Prüfungsorganisation, des Ablaufs und der Bewertung sowie die Berechnung der Prüfungsergebnisse.

Die Prüfungen GOETHE-ZERTIFIKAT A2 und GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH werden vom Goethe-Institut getragen. Sie werden an den in § 2 der *Prüfungsordnung* genannten Prüfungszentren weltweit nach einheitlichen Kriterien durchgeführt und bewertet.

Die Prüfungen dokumentieren die zweite Stufe – A2 – der im *Gemeinsamen europäischen Referenzrahmen für Sprachen (GER)* beschriebenen sechsstufigen Kompetenzskala und damit die Fähigkeit zur elementaren Sprachverwendung.

Die Prüfungen GOETHE-ZERTIFIKAT A2 und GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH haben das gleiche Format, die folgenden Paragrafen gelten gleichermaßen für beide Prüfungen.

## § 1 Prüfungsbeschreibung

Siehe hierzu auch *Prüfungsordnung* § 1.

### 1.1 Bestandteile der Prüfung

Die Prüfung besteht aus folgenden obligatorischen Teilprüfungen:
- schriftliche Prüfung,
- mündliche Prüfung.

# Tooftaawwan Qormaataa kan qormaata GOETHE-ZERTIFIKAT A2 fi GOETHE-ZERTIFIKAT A2 Fit in Deutsch

Guyyaa Gosti Kun Itti Qophaa'e: Fulbaana 1, 2025

*Tooftaawwan qormaataa* GOETHE-ZERTIFIKAT A2 kan namoota ga'eessotaa fi THE GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH; kan namoota umurii dargageessaa, gosa isaanii kan yeroo ammaatiin, qaama *the Goethe-Institutii examination regulations* uumu.
Tooftaawwan *qormaataa* kanneen qaamolee qormaata dhuunfaa kan ibsan yoo ta'u, gurmaa'ina, raawwii fi madaallii qormaataa, akkasumas shallaggii bu'aawwan qormaataa ilaalchisee haalawwan qormaataaf-adda-ba'an ni bulchu.

Qormaatni Goethe-Zertifikat A2 fi GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH kan kennaman Institutii dhaani. Isaanis akkaataa ulaagaa walfakkaatuun wiirtuuwwan qormaataa *tooftaawwan qormaataa* §2 keessatti tarreeffaman keessatti addunyaa guutuutti ni gaggeeffamu; akkasumas ni madaalamu.

Qormaatileen kun sadarkaa lammaffaa (2ffaa) – A2 – iskeelii ga'umsa sadarkaa-jahaa *Bu'uura Wabeeffannaa Awurooppaa Waliigalaa Afaanotaa* keessatti ibsamee fi kanaanis dandeettii itti fayyadama bu'uura afaanii mirkaneessu.

Qormaatileen GOETHE-ZERTIFIKAT A2 fi GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH; foormaatii walfakkaataa qabu; keewwattootni armaan gadii qormaata lamaanuu irratti walqixa raawwatiinsa ni qabaatu.

## § 1. Ibsa qormaataa

Akkasumas, Kutaa §1 tooftaawwan *qormaataa* ilaalaa.

### 1.1 Qaamolee qormaataa

Qormaatni kun qaamolee dirqamaa armaan gadii of keessaa qaba:
- Qormaata barreeffamaa;
- Qormaata afaanii;

## 1.2 Prüfungsmaterialien

Die Prüfungsmaterialien bestehen aus *Kandidatenblättern* und dem *Antwortbogen (Lesen, Hören, Schreiben)*, *Prüferblättern* und den Bögen *Schreiben – Bewertung*, *Sprechen – Bewertung*, *Schreiben – Ergebnis, Sprechen – Ergebnis* sowie einer Audiodatei.

Die *Kandidatenblätter* enthalten die Aufgaben für die Prüfungsteilnehmenden:

- Texte und Aufgaben zum Prüfungsteil LESEN (Teil 1–4);
- Aufgaben zum Prüfungsteil HÖREN (Teil 1–4);
- Aufgaben zum Prüfungsteil SCHREIBEN (Teil 1 und 2).

Im Prüfungsteil SPRECHEN erhalten die Prüfungsteilnehmenden Aufgabenkarten (Teil 1–3).

In den *Antwortbogen* tragen die Prüfungsteilnehmenden ihre Lösungen bzw. ihren Text ein.

Die *Prüferblätter* enthalten

- die Lösungen zu den Prüfungsteilen LESEN und HÖREN;
- die Transkripte der Hörtexte;
- Bewertungskriterien SCHREIBEN und SPRECHEN;
- Leistungsbeispiele für das Niveau A2 für den Prüfungsteil SCHREIBEN;
- Hinweise zur Gesprächsführung und Moderation für den Prüfungsteil SPRECHEN.

In den *Antwortbogen* zu den Prüfungsteilen LESEN, HÖREN, SCHREIBEN und in die Bögen *Schreiben – Bewertung* und *Sprechen – Bewertung* tragen die Prüfenden ihre Bewertung ein. Die Bewertungen werden jeweils auf die Bögen *Schreiben – Ergebnis* und *Sprechen – Ergebnis* übertragen.

Die Audiodatei enthält die Texte zum Prüfungsteil HÖREN sowie alle Anweisungen, Pausen und Übertragungszeiten.

## § 1.2 Leeccalloowwan qormaataa

Leeccalloowwan qormaataa waraqaa kaadhimamaa fi waraqaa deebii (*Dubbisuu, Dhaggeeffachuu, Barreessuu*) waraqaa qoraa qormaataa fi unkawwan Madaallii - Barreessuu, Madaallii - Dubbachuu, Qabxiiwwan - Barreessuu, Qabxiiwwan - Dubbachuu, akkasumas faayila sagalee of keessaa qabu.

Waraqaaleen kaadhimamaa Dalagaawwan qoramtootaan hojjetaman of keessaa qabu:

- Barreeffamootaa fi dalagaawwan kutaa dubbisuu (Kutaa 1–4);
- Dalagaawwan kutaa dhaggeeffachuu (Kutaa 1–4);
- Dalagaawwan kutaa Barreessuu(Kutaa 1 fi 2);

Kutaa dubbachuu keessatti, kaadhimamtootaaf (qoramtootaaf) kaardiiwwan dalagaa tu kennamaaf (Kutaa 1–3).

Kaadhimamtootni deebii isaanii ykn barreeffama isaanii *waraqaa deebii* keessatti galchu.

Waraqaan qoraa qormaataa kan of keessatti qabatu;

- Deebiiwwan kutaalee dubbisuu fi dhaggeeffachuu;
- Tiraanskriiptiiwwan barreeffamoota dhaggeeffachuu;
- Ulaagaalee madaallii barreessuu fi dubbachuu;
- Kutaa barreessuuf saamuda raawwiiwwan sadarkaa A2;
- Qajeelfama af-gaaffii gaggeessuu fi mariisisuu kutaa dubbachuu;

Qortootni qormaataa madaalliiwwan isaanii WARAQAA DEEBII kutaalee DUBBISUU, DHAGGEEFFACHUU fi BARREESSUU irratti, akkasumas waraqaa *Barreessuu – Madaallii fi Dubbachuu – Madaallii* irratti galchu. Sana booda madaalliiwwan gara waraqaa *Qabxii -Barreessuu* fi *Qabxii - Dubbachuu*tti darbu.

Faayilli sagalee barreeffamoota kutaa DHAGGEEFFACHUU akkasumas qajeelfamoota hunda gidduutti, dhaabuu fi yeroo irra dabarsuu of keessaa qaba.

### 1.3 Prüfungssätze

Die Materialien zu den schriftlichen Prüfungsteilen sind jeweils in *Prüfungssätzen* zusammengefasst. Die Materialien zum Prüfungsteil SPRECHEN können mit den schriftlichen *Prüfungssätzen* beliebig kombiniert werden.

### 1.3 Tuuta qormaataa

Leeccalloowwan qaamolee qormaata barreeffamaa *tuuta qormaataa* keessatti walitti gurmaa'u. Leeccalloowwan qaama qormaata DUBBACHUU akkaataa barbaachisummaa isaatti *tuuta qormaata* barreeffamaa keessatti walitti dabalamuu danda'u.

### 1.4 Zeitliche Organisation

Die schriftliche Prüfung findet in der Regel vor der mündlichen statt. Falls schriftliche und mündliche Prüfung nicht am selben Tag stattfinden, liegen zwischen schriftlicher und mündlicher Prüfung maximal 14 Tage.

Die schriftliche Prüfung dauert ohne Pausen insgesamt 90 Minuten:

| Prüfungsteil | Dauer |
|---|---|
| LESEN | 30 Minuten |
| HÖREN | ca. 30 Minuten |
| SCHREIBEN | 30 Minuten |
| Gesamt | 90 Minuten |

Der Prüfungsteil SPRECHEN wird in der Regel als Paarprüfung durchgeführt, in Ausnahmefällen ist auch eine Einzelprüfung möglich. Die Paarprüfung dauert insgesamt 15 Minuten, die Einzelprüfung 10 Minuten. Es gibt keine Vorbereitungszeit.

Für Prüfungsteilnehmende mit spezifischem Bedarf können die angegebenen Zeiten verlängert werden. Einzelheiten sind in den *Ergänzungen zu den Durchführungsbestimmungen: Prüfungsteilnehmende mit spezifischem Bedarf* geregelt.

### 1.4 Yeroo

Qormaatni barreeffamaa yeroo baayyee qormaata afaanii dura kan raawwatamuu dha. Qormaatni barreeffamaa fi afaanii guyyaa tokkotti kan hin raawwatamne yoo ta'e, qormaata barreeffamaa fi afaaniin kennamu gidduu turtii guyyoota 14 kan hin caalle qofatu jiraachuu qaba.

Qormaatni barreeffamaa walumaa galatti daqiiqaa 90 kan fudhatu yoo ta'u, boqonnaa osoo hin dabalatini:

| Kutaa qormaataa | Turtii |
|---|---|
| DUBBISUU | daqiiqaa 30 |
| DHAGGEEFFACHU | tilmaamaan daqiiqaa 30 |
| BARREESSUU | daqiiqaa 30 |
| WALIIGALA | daqiiqaa 90 |

Kutaan dubbachuu qormaatichaa yeroo baay'ee akka qormaata lama wal-faana kennamuutti kan gaggeeffamuu dha. Haaloota adda ta'an keessatti garuu, qormaatni qeenxees ni danda'ama. Qormaatni lama wal-faana kennamu walumaa galatti daqiiqaa 15 kan turu yeroo ta'u, qormaanni qeenxee daqiiqaa 10 tura. Yeroon qophii hin jiru.

Kaadhimamtoota fedhii addaa qabaniif, yeroon ibsame dheerachuu ni danda'a. Baldhinni odeeffannoo kanaa dabalata *tooftaawwan qormaataa*; *Kaadhimamtoota fedhii addaa qaban keessatti* kaa'ameera.

### 1.5 Protokoll über die Durchführung der Prüfung

Über die Durchführung der Prüfung wird ein Protokoll geführt, das besondere Vorkommnisse während der Prüfung festhält und mit den Prüfungsergebnissen archiviert wird.

### 1.5 Galmee qormaatichaa

Galmeen gaggeeffama qormaatichaa kan qabamu yoo ta'u, kunis taateewwan addaa yeroo qormaataa mudatan kamiyyuu galmeessee bu'aawwan qormaataa waliin kan kaa'amu ta'a.

## § 2 Die schriftliche Prüfung

Für die schriftliche Prüfung wird folgende Reihenfolge empfohlen: LESEN – HÖREN – SCHREIBEN. Aus organisatorischen Gründen kann die Reihenfolge der Prüfungsteile von den Prüfungszentren geändert werden.

Zwischen den Prüfungsteilen ist keine Pause vorgesehen.

## § 2. Qormaata barreeffamaa

Qormaata barreeffamaaf tartiibni gochaa armaan gadii ni gorfama: DUBBISUU – DHAGGEEFFACHUU – BARREESSUU. Sababoota gurmaa'insaa irraa kan ka'e, tartiibni kutaalee qormaataa wiirtuuwwan qormaataatiin jijjiiramuu ni danda'a.

Kutaalee qormaataa gidduutti boqonnaaf sagantaan hin qabamu.

### 2.1 Vorbereitung

Vor dem Prüfungstermin bereitet der/die Prüfungsverantwortliche unter Beachtung der Geheimhaltung die Prüfungsmaterialien vor. Dazu gehört auch eine inhaltliche Überprüfung inklusive der Audiodatei sowie deren Funktionalität.
.

### 2.1 Qophii

Guyyaa qormaatichaa dura, suupparvaayizarrin qormaatichaa leeccalloowwan qormaataa akkaataa ulaagaalee eegumsa iccitiitiin qopheessa. Kunis gamaaggama qabiyyee, faayila sagalee dabalatee fi hojimaata isaa of keessatti qabata.

### 2.2 Ablauf

Vor Beginn der Prüfung weisen sich alle Teilnehmenden aus. Die Aufsichtsperson gibt danach alle notwendigen organisatorischen Hinweise.

Vor Beginn der jeweiligen Prüfungsteile werden die entsprechenden *Kandidatenblätter* und der *Antwortbogen* ausgegeben. Die Teilnehmenden tragen alle erforderlichen Daten auf dem *Antwortbogen* ein; erst dann beginnt die eigentliche Prüfungszeit.

Die *Kandidatenblätter* zu den jeweiligen Prüfungsteilen werden ohne Kommentar ausgegeben; alle Aufgabenstellungen sind auf den *Kandidatenblättern* erklärt. Am Ende der schriftlichen Prüfung werden alle Unterlagen eingesammelt. Beginn und Ende der Prüfungszeit werden jeweils in geeigneter Form von der Aufsichtsperson mitgeteilt.

**Für die schriftliche Prüfung gilt folgender Ablauf:**

1. Die Prüfung beginnt in der Regel mit dem Prüfungsteil LESEN. Die Teilnehmenden markieren ihre Lösungen auf den *Kandidatenblättern* und übertragen sie am Ende auf den Antwortbogen. Für das Übertragen ihrer Lösungen planen die Teilnehmenden circa 3 Minuten innerhalb der Prüfungszeit ein.

### 2.2 Adeemsa

Qormaatni osoo hin jalqabamin dura, kaadhimamtootni hundi waraqaa eenyummaa isaanii dhiyeessuu qabu. Sana booda, qoraan qormaataa qajeelfamoota gurmaa'insaa barbaachisaa ta'an hunda ni kenna.

Tokkoon tokkoo kutaa qormaatichaa osoo hin jalqabin dura, *waraqaawwan kaadhimamaa* barbaachisoo ta'anii fi *waraqaan deebii* ni raabsamu. Kaadhimamtootni baldhina odeeffannoo barbaachisu hunda *waraqaa deebii* irratti galchuu qabu. Yeroon qormaataa qabatamaan kan jalqabu sana booda qofa.

*Waraqaawwan qormaataa* kutaalee qormaatichaaf akkaataa ilaallatutti yaadni kennamu malee ni raabsamu; dalagaawwan hundinuu *waraqaawwan kaadhimamaa* irratti ibsamaniiru. Xumura qormaata barreeffamaa irratti, sanadootni /ragaaleen/ hundi kan funaanaman ta'u. Jalqabaa fi xumurri yeroo qormaataa haala sirrii ta'een qorataa qormaataatiin kan beeksifamu ta'a.

**Qormaata barreeffamaa irratti hojimaatni armaan gadii raawwatiinsa qabaata:**

1. Qormaanni yeroo baayyee kutaa dubbisuu tiin jalqaba. Kaadhimamtootni deebii isaanii waraqaa kaadhimamaa irratti mallattoo gochuun dhuma irratti gara waraqaa deebii-tti dabarsu. Kaadhimamtootni dabarsa kanaaf yeroo qormaataa keessaa tilmaamaan daqiiqaa 3 kennuu qabu.

2. Nach dem Prüfungsteil LESEN wird der Tonträger für den Prüfungsteil HÖREN von der Aufsichtsperson gestartet. Die Teilnehmenden markieren ihre Lösungen zunächst auf den *Kandidatenblättern* und übertragen sie am Ende auf den *Antwortbogen.*
   Für das Übertragen ihrer Lösungen auf den *Antwortbogen* stehen den Teilnehmenden circa 3 Minuten innerhalb der Prüfungszeit zur Verfügung.

3. Danach bearbeiten die Teilnehmenden den Prüfungsteil SCHREIBEN. Die Texte werden direkt auf dem *Antwortbogen* verfasst.

### § 3 Der Prüfungsteil SPRECHEN

Das Einführungsgespräch einschließlich Vorstellung der Prüfenden und des/der Teilnehmenden dauert circa eine Minute.
Teil 1 dauert circa 3 Minuten, Teil 2 circa 3 Minuten pro Teilnehmenden und Teil 3 circa 5 Minuten.

### 3.1 Organisation

Für die Prüfung steht ein geeigneter Raum zur Verfügung. Tisch- und Sitzordnung werden so gewählt, dass eine freundliche Prüfungsatmosphäre entsteht. Die Zusammenstellung der Teilnehmenden der Paarprüfung erfolgt nach dem Zufallsprinzip.

Wie in der schriftlichen Prüfung muss die Identität der Teilnehmenden vor Beginn der mündlichen Prüfung, gegebenenfalls auch während der mündlichen Prüfung, zweifelsfrei festgestellt werden.

### 3.2 Vorbereitung

Es gibt keine Vorbereitungszeit. Die Teilnehmenden erhalten die Aufgabenstellung direkt in der Prüfung.

2. Kutaa dubbisuu booda, qoraan qormaataa kutaa dhaggeeffachuuf sagalee waraabbii taphachiisuu ni jalqaba. Kaadhimamtootni deebii isaanii jalqaba waraqaa kaadhimamaa irratti mallattoo irratti gochuun, booda gara waraqaa deebii-tti dabarsu.
   Kaadhimamtootni deebii isaanii gara waraqaa deebii-tti dabarsuuf yeroo qormaataa keessaa tilmaamaan gara daqiiqaa 3 ni qabaatu.

3. Sana booda, kaadhimamtootni kutaa BARREESSUU qormaatichaa ni xumuru. Barreeffamootni kan barreeffaman kallattiin *waraqaa deebii irratti*.

### § 3. Kutaa DUBBACHUU

Af-gaaffiin seensaa, wal-barsiisuu qortootaa fi qoramtootaa (kaadhimamtootaa) dabalatee, tilmaamaan daqiiqaa tokko (1) fudhata.
Kutaan 1ffaan tilmaamaan daqiiqaa 3, kutaan 2ffaan tokkoo tokkoo hirmaataaf tilmaamaan daqiiqaa 3, kutaa 3ffaan ammoo tilmaamaan daqiiqaa 5 kan fudhatuu dha.

### 3.1 Qindeessuu

Qormaata kanaaf kutaan mijatu ni jira (qophaa'a). Akkaataan teessuma minjaalaa fi teessoo haala qormaataa mijataa ta'e uumuun ni filatama. Qormaata lamaa lamaan qoraman irratti; kaadhimamtootni akka feetee isaaniitiin, lama laman waliin galu.

Akkuma qormaata barreeffamaa keessatti godhamutti, qormaatni afaanii osoo hin jalqabin dura eenyummaan kaadhimamtootaa shakkii malee mirkanaa'uu qaba. yoo barbaachisaa ta'e immoo yeroo qormaatni afaanii raawwatamaa jirus ni mirkana'a.

### 3.2 Qophii

Yeroon qophii hin jiru. kaadhimamtootni dalagaa isaanii kallattiin yeroo qormaataa ni argatu.

### 3.3 Ablauf

Der Prüfungsteil SPRECHEN wird von zwei Prüfenden durchgeführt.
Eine/-r der Prüfenden moderiert das Prüfungsgespräch. Beide Prüfenden bewerten die Prüfungsleistungen unabhängig voneinander.

**Für den Prüfungsteil SPRECHEN gilt folgender Ablauf:**

Zu Beginn begrüßen die Prüfenden die Teilnehmenden, stellen sich selbst kurz vor und fragen die Teilnehmenden nach ihrem Namen, ihrer Herkunft o.Ä. Vor Beginn jedes Prüfungsteiles erläutert der/die Moderierende die Aufgabenstellung und verdeutlicht diese in Teil 1 anhand eines Beispiels. Außerdem entscheidet er/sie, welche/-r Teilnehmende beginnt.

1. In Teil 1 formulieren die Teilnehmenden nacheinander anhand der Stichworte auf den Aufgabenkarten vier Fragen und beantworten die Fragen des Partners/der Partnerin. In einer Einzelprüfung spricht der/die Teilnehmende mit einem/einer Prüfenden.
2. In Teil 2 erzählt jede/-r Teilnehmende anhand der Stichworte auf der Aufgabenkarte etwas über sich und beantwortet am Ende eine oder zwei Fragen des/der Prüfenden dazu.
3. In Teil 3 planen die Teilnehmenden anhand von Aufgabenkarten etwas gemeinsam, indem sie Fragen stellen, Vorschläge machen und auf diese reagieren. In einer Einzelprüfung spricht der/die Teilnehmende mit einem/einer Prüfenden.

Am Ende der Prüfung werden alle Unterlagen eingesammelt.

### 3.3 Adeemsa

Kutaan DUBBACHUU qormaatichaa qortoota lamaan gaggeeffama.
Qortoota keessaa tokko af-gaaffii qormaataa ni geggeessa. Qortootni lamaan raawwii kaadhimamtootaa irratti madaallii of danda’e dhuunfaa; dhuunfaatti gaggeessu.

**Adeemsi armaan gadii kutaa DUBBACHUU qormaatichaa irratti raawwatiinsa qabaata:**

Jalqaba irratti, qortootni kaadhimamtoota ni simatu, gabaabinaan of beeksisanii kaadhimamtoota maqaa isaanii, eessaa akka dhufanii fi kkf gaafatu. Tokkoon tokkoo kutaa qormaatichaa osoo hin jalqabin dura, geggeessaan dalagaa sana ibsee kutaa 1ffaa keessatti fakkeenya fayyadamuun agarsiisa. Kaadhimamaan kam akka jalqabus ni murteessu.

1. Kutaa 1ffaa, keessatti Kaadhimamtootni dabaree dhaan jechoota ijoo kaardii dalagaa irratti argaman irratti hundaa’uun gaaffilee afur bocuun gaaffiiwwan hiriyaa isaanii gaafate deebisu. Qormaata dhuunfaa keessatti kan hirmaataan qoraa waliin haasa'uu irratti bobba'a (hirmaata).
2. Kutaa 2ffaa keessatti, tokkoon tokkoo hirmaataa jechoota ijoo kaardii dalagaa irratti argaman fayyadamuun waa’ee ofii isaanii kan dubbatan yoo ta’u, dhuma irratti gaaffii tokko ykn lama qoraa irraa dhiyaatan deebisu.
3. Kutaa 3ffaa keessatti kaadhimamtootni gaaffii gaafachuu, yaada kennuu fi deebii kennuu dhaan kaardii dalagaa fayyadamanii waan tokko waliin karoorfatu. Qormaata dhuunfaa keessatti Kan hirmaataan qoraa waliin haasa'u.

Xumura qormaataa irratti, sanadootni  hundi walitti qabamu.

## § 4 Bewertung schriftliche Prüfung

Die Bewertung der schriftlichen Prüfungsteile findet im Prüfungszentrum oder in ausgewiesenen Diensträumen statt. Die Bewertung erfolgt jeweils durch zwei unabhängig Bewertende. Bei der Bewertung werden nur auf dem *Antwortbogen* eingetragene Antworten berücksichtigt.

Die Ergebnisse aus der schriftlichen Prüfung werden nicht an die Prüfenden der mündlichen Prüfung weitergegeben.

## § 4. Madaallii qormaata barreeffamaa

Madaalliin qaamolee qormaata barreeffamaa giddu-gala qormaataa keessatti ykn waajjiraalee murtaa’an keessatti raawwatama. Tokkoon tokkoo waraqaa madaaltootan walaba ta'an lamaan madaalama. Yeroo madaallii deebii *waraqaa deebii irratti* galfame qofa tu tilmaama keessa galfama.

Qabxiin madaallii qormaata barreeffamaa qortoota qormaata afaaniitiif hin darbu.

## 4.1 LESEN

Im Prüfungsteil LESEN gibt es 20 Items. Jedes Item ist ein Messpunkt. Pro Messpunkt und Lösung werden entweder 1 Punkt oder 0 Punkte vergeben. Die addierten Messpunkte werden in den *Antwortbogen* eingetragen und von beiden Bewertenden mit Unterschrift gezeichnet.

Die Messpunkte werden auf 25 Ergebnispunkte umgerechnet. Dazu werden sie mit 1,25 multipliziert.

## 4.2 HÖREN

Im Prüfungsteil HÖREN gibt es 20 Items. Jedes Item ist ein Messpunkt. Pro Messpunkt und Lösung werden entweder 1 Punkt oder 0 Punkte vergeben. Die addierten Messpunkte werden in den *Antwortbogen* eingetragen und von beiden Bewertenden mit Unterschrift gezeichnet.

Die Messpunkte werden auf 25 Ergebnispunkte umgerechnet. Dazu werden sie mit 1,25 multipliziert.

## 4.3 SCHREIBEN

Die Bewertung des Prüfungsteils SCHREIBEN erfolgt durch zwei voneinander unabhängig Bewertende nach festgelegten Bewertungskriterien, Bewertung 1 und Bewertung 2 (s. *Modellsatz*, Teil *Prüferblätter*). Es werden nur die auf dem Bogen *Schreiben – Bewertung* vorgegebenen Punktwerte für jedes der Kriterien vergeben; Zwischenwerte sind nicht zulässig. Die für die Vergabe der Punkte relevanten Fehlgriffe etc. können auf dem Bogen *Schreiben – Bewertung* notiert werden. Die vergebenen Messpunkte werden addiert und vom Bewertenden unter Angabe der jeweiligen Bewerternummer mit Unterschrift gezeichnet.

## 4.1 DUBBISUU

Kutaan DUBBISUU qormaatichaa wantoota 20 of keessaa qaba. Tokkoon tokkoo qabiyyee qabxii safartuu tokko bakka bu'a (qabxii sororsa jalqabaa). Tokkoo tokkoo wantichaa fi deebii dhaaf, qabxiin 1 yookaan qabxiin 0 tu kennama.
Lakkoofsi waliigalaa qabxii sororsa jalqabaa *waraqaa deebii* irra galee madaaltota lamaaninuu mallattaa'a.

Qabxiiwwan sororsa jalqabaa gara qabxii sororsaa iskeelii 25-tti jijjiiramu. Kana gochuuf ammoo 1.25-iin baay'ifamu.

## 4.2 DHAGGEEFFACHUU

Kutaan DHAGGEEFFACHUU qormaatichaa wantoota 20 of keessaa qaba. Tokkoon tokkoo qabiyyee qabxii sororsa jalqabaa dha. Tokkoo tokkoo qabxii sororsa jalqabaa fi deebii dhaaf qabxii 1 yookin qabxii 0-tu kennama. Lakkoofsi waliigalaa qabxii sororsa jalqabaa *waraqaa deebii* irra galee madaaltota lamaaninuu mallattaa'a.

Qabxiiwwan sororsa jalqabaa gara qabxii sororsaa iskeelii 25-tti jijjiiramu. Kana gochuuf ammoo 1.25-iin baay'ifamu.

## 4.3 BARREESSUU

Kutaan BARREESSUU qormaatichaa akkaataa ulaagaalee madaallii ibsamaniin madaaltota of danda'an lama, Madaallii 1 fi Madaallii 2-an madaalama (kutaa *tuuta moodelaa, waraqaa qorataa*). Tokkoo tokkoo ulaagaaleen gatiiwwan qabxii waraqaa *madaallii - Barreessuu* irratti ibsaman qofatu badhaafama; qabxiiwwan gidduugaleessaa hin hayyamaman. Dogoggoraa fi wantootni biroo qabxii kennuu wajjin walqabatan waraqaa *Madaallii - Barreessuu* irratti galmaa'uu ni danda'u. Qabxiiwwan sororsa jalqabaa kennaman walitti ida'amanii madaalaan kan mallattaa'u yoo ta'u, isaanis lakkoofsa madaalaa isaanii ibsuu qabu.

Die jeweiligen Punktwerte von Bewertung 1 und Bewertung 2 werden auf den Bogen *Schreiben – Ergebnis* übertragen. Zur Ermittlung der Punktzahl Schreiben wird das arithmetische Mittel aus den beiden Bewertungen gezogen. Eine **Drittbewertung** (= Bewertung 3) erfolgt, wenn die vergebenen Punktzahlen für den Prüfungsteil SCHREIBEN der/des einen Bewertenden **unterhalb** der Bestehensgrenze und der/des anderen Bewertenden **oberhalb** der Bestehensgrenze liegen und dabei **das arithmetische Mittel** aus beiden Bewertungen **unter der Bestehensgrenze** von 12 Messpunkten liegt. Die Punkte werden auf dem Bogen *Schreiben – Ergebnis* eingetragen. Der Bogen *Schreiben – Ergebnis* wird als rechnerisch richtig gezeichnet und im Falle einer Drittbewertung von dem/der Drittbewertenden unterschrieben.

Qabxiiwwan Madaallii 1 fi Madaallii 2 irraa argaman gara waraqaa *Qabxii – Barreessuu*-tti dabarfamu. Qabxii barreeffamaa murteessuuf, giddugaleessi herregaa (arithmetic mean) madaallii lamaaniin ni shallagama. **Madaalliin sadaffaan** (= Madaallii 3) kan raawwatamu qabxiiwwan kutaa barreessuu qormaatichaaf madaalaa tokkoon kennaman tuqaa darbiinsaa **gadi** yoo ta'anii fi kan madaalaa isa kaanii tuqaa darbiinsaa **ol** yoo ta'an, akkasumas giddugaleessi herregaa madaallii lamaanii **tuqaa darbiinsaa** qabxiiwwan sororsa jalqabaa 12 **gadi** yoo ta'ee dha. Qabxiiwwan sun waraqaa *Qabxii – Barreessuu* irratti galfamu. Waraqaan *Qabxii – Barreessuu* herregaan sirrii ta'ee kan mallatteeffamu yoo ta'u, madaalliin sadaffaan kan jiraatu yoo ta'e, madaalaa sadaffaatiin kan mallatteeffamu ta'a.

Im Prüfungsteil SCHREIBEN sind insgesamt maximal 20 Messpunkte erreichbar, die auf volle Punkte gerundet und mit dem Faktor 1,25 zu maximal 25 Ergebnispunkten multipliziert werden.

Kutaa BARREESSUU qormaatichaa keessatti, qabxii olaanaa qabxii sororsa jalqabaa 20 ta'e argachuun kan danda'amu yoo ta'u, isaanis gara qabxii guutuu dhiyootti naanneffamuun faaktarii 1.25-iin baay'ifamanii qabxii sororsaa iskeelii 25 kan olaanaa ta'e kennu.

## § 5 Bewertung Prüfungsteil SPRECHEN

Die Teile 1 bis 3 des Prüfungsteils SPRECHEN werden von zwei Prüfenden getrennt bewertet.
Die Bewertung erfolgt nach festgelegten Bewertungskriterien (s. *Modellsatz*, Teil *Prüferblätter*). Es werden nur die auf dem Bogen *Sprechen – Ergebnis* vorgesehenen Punktwerte vergeben. Zwischenwerte sind nicht zulässig.

Im Prüfungsteil SPRECHEN sind maximal 25 Ergebnispunkte erreichbar. Es werden nur die auf dem Bogen *Sprechen – Bewertung* vorgesehenen Punktwerte für jedes der Kriterien vergeben.
Das Einführungsgespräch wird nicht bewertet.

## § 5. Madaallii kutaa dubbachuu

Kutaa dubbachuu kutaa 1 hanga 3ffaa qortoota lamaan adda addatti madaalamu.
Madaalliin ulaagaalee madaallii adda baafaman irratti hundaa'a (kutaa *tuuta moodelaa*, *waraqaawwan qoraa* ilaalaa). Qabxiiwwan waraqaa *Qabxiiwwan - Dubbachuu* irratti ibsaman qofatu kennama. Qabxiiwwan gidduugaleessaa hin hayyamaman.

Kutaa DUBBACHUU qormaatichaa keessatti, qabxiiwwan sororsa iskeelii olaanaa 25 ta'e argachuun ni danda'ama. Tokkoo tokkoo ulaagaan, qabxiiwwan waraqaa *madaallii - dubbachuu* irratti ibsaman qofatu kennama.
Af-gaaffiin seensaa hin madaalamu.
Yeroo qormaataatti ykn battaluma erga dhumee, tokkoon tokkoo madaalaa madaallii isaanii *unka Madaallii Dubbachuu* irratti galmeessanii lakkoofsa madaalaa isaanii fi mallattoo isaaniitiin mallatteessu.

Während der Prüfung oder direkt danach notiert jede/-r Bewertende seine/ihre Bewertungen auf dem *Bogen Sprechen Bewertung* und zeichnet diesen mit Bewerternummer und Unterschrift.
Zur Ermittlung des Ergebnisses des Prüfungsteils SPRECHEN wird aus beiden Bewertungen das arithmetische Mittel gezogen und auf volle Punkte gerundet (bis 0,49 wird abgerundet, ab 0,5 wird aufgerundet).
Das Ergebnis des Prüfungsteils SPRECHEN wird auf dem Bogen *Sprechen – Ergebnis* festgehalten und als rechnerisch richtig gezeichnet. Alternativ können die Bewertungen der Prüfenden auch in eine digitale Bewertungsmaske eingegeben werden; unabhängig davon, ob eine papierbasierte oder digitale Prüfung gebucht wurde. Die Prüfenden und Bewertenden authentifizieren sich auf der Testplattform durch individuelle Login-Daten; daher entfällt die Notwendigkeit einer Unterschrift.

Bu'aa kutaa dubbachuu qormaatichaa murteessuuf, giddugaleessi herregaa madaalliiwwan lamaanii shallagamee gara lakkoofsa guutuu dhiyootti naanneffama (madaalliiwwan hanga 0.49 gara gadiitti naanneffamu, madaalliiwwan 0.5 fi isaa ol ta'an ammoo gara oliitti naanneffamu).
Bu'aan kutaa dubbachuu qormaatichaa waraqaa *Bu'aa - Dubbachuu* irratti galmaa'ee haala herregaattini sirrii akka ta'etti mallatteeffama. Akka filannootti, madaalliiwwan qortootaa akkasuma unka madaallii dijitaalaa keessattis galfamuu danda'u, qormaatni waraqaa irratti hundaa'e ykn dijiitaalaa galmaa'uu isaa ilaalcha keessa hin galchani. Qortootnii fi madaaltotni odeeffannoo seensaa dhuunfaa fayyadamuun waltajjii qormaataa irratti of mirkaneessu. kanaaf mallatteessuun hin barbaachisu.

## § 6 Gesamtergebnis

### 6.1 Ermittlung der Gesamtpunktzahl

Zur Ermittlung der Gesamtpunktzahl werden die in den einzelnen Prüfungsteilen erreichten Ergebnispunkte addiert und auf volle Punkte gerundet.

### 6.2 Punkte und Prädikate

Die Prüfungsleistungen werden in Form von Punkten und Prädikaten dokumentiert. Es gelten folgende Punkte und Prädikate für die Gesamtprüfung:

| Punkte | Prädikat |
|---|---|
| 100–90 | sehr gut |
| 89–80 | gut |
| 79–70 | befriedigend |
| 69–60 | ausreichend |
| 59–0 | nicht bestanden |

## § 6. Bu'aa waliigalaa

### 6.1 Shallaggii qabxii waliigalaa

Qabxii waliigalaa murteessuuf, qabxiiwwan sororsaa iskeelii qaamolee qormaata dhuunfaa keessatti argaman walitti ida'amanii gara qabxii guutuu dhiyootti naanneffamu.

### 6.2 Qabxiiwwanii fi sadarkaawwan:

Bu'aawwan qormaataa bifa qabxiiwwanii fi sadarkaatiin galmaa'u. Qabxiiwwanii fi sadarkaawwan armaan gadii qormaata xumuraa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

| Qabxii | Sadarkaa |
|---|---|
| 100–90 | Baay'ee gaarii |
| 89–80 | Gaarii |
| 79–70 | Quubsaa |
| 69–60 | Darbuu |
| 59–0 | Kufuu |

### 6.3 Bestehen der Prüfung

Maximal können 100 Punkte erreicht werden, 75 Punkte im schriftlichen Teil und 25 Punkte im mündlichen Teil.
Die Prüfung ist bestanden, wenn insgesamt mindestens 60 Punkte (60 % der Maximalpunktzahl) erzielt und alle Prüfungsteile abgelegt wurden. Hiervon müssen mindestens 45 Punkte in der schriftlichen Prüfung und mindestens 15 Punkte in der mündlichen Prüfung erreicht werden. Andernfalls gilt die gesamte Prüfung als nicht bestanden.

### 6.3 Qormaaticha darbuu

Qabxii ol'aanaa 100, kutaa barreeffamaatiin qabxii 75, kutaa afaaniin ammoo qabxii 25 argachuun ni danda'ama.
Qormaatni kan darbamu waliigalatti yoo xiqqaate qabxii 60 (qabxii ol'aanaa irraa 60%) yoo argamee fi kutaaleen qormaatichaa hundi kan fudhate yoo ta'ee dha. Kanneen keessaa, yoo xiqqaate qabxiin 45 qormaata barreeffamaatiin, yoo xiqqaate qabxii 15 ammoo qormaata afaaniitiin argamuu qaba. Yoo kana hin taane, guutuun qormaatichaa akka kufametti fudhatama.

## § 7 Wiederholung und Zertifizierung der Prüfung

Es gelten § 14 und § 15 der *Prüfungsordnung*.

In Ausnahmefällen und sofern es die organisatorischen Möglichkeiten am Prüfungszentrum erlauben, sind Teilwiederholungen möglich, d.h. die Wiederholung entweder der mündlichen Prüfung oder der gesamten schriftlichen Prüfung. Ein Anspruch auf Teilwiederholung seitens der Teilnehmenden besteht nicht. Teilwiederholungen sind innerhalb eines Jahres nur am selben Prüfungszentrum möglich, an dem die erste Prüfung durchgeführt wurde. Das Prüfungszentrum kann eine Bearbeitungsgebühr für die Teilwiederholung verlangen.

## § 7. Irra-deebii fi mirkaneessa qormaatichaa:

Kutaaleen §14 fi §15 *tooftaawwan qormaataa* raawwatiinsa qabaatu.

Haala adda ta'e keessattii fi haalli gurmaa'insaa wiirtuu qormaataa kan hayyamamu yoo ta'e, qormaata afaanii ykn qormaata barreeffamaa guutuu irra deebi'anii qoramuun ni danda'ama. Kaadhimamtootni irra deebi'anii qoramuu gartokkeef mirga hin qaban. Gartokkeen irra deebiin fudhachuun kan danda'amu waggaa tokko keessatti qofa wiirtuu qormaataa kan qormaanni jalqabaa itti gaggeeffame keessatti. Giddu-galli qormaataa gartokkeen irra deebiin fudhachuuf kaffaltii bulchiinsaa kaffalchiisuu ni danda'a.

## § 8 Schlussbestimmungen

Diese *Durchführungsbestimmungen* treten am 1. September 2025 in Kraft und gelten erstmals für Prüfungsteilnehmende, deren Prüfung nach dem 1. September 2025 stattfindet.

Im Falle von sprachlichen Unstimmigkeiten zwischen den einzelnen Sprachversionen der *Durchführungsbestimmungen* ist die deutsche Fassung maßgeblich.

## § 8. Tumaalee dhumaa

*Tooftaawwan qormaataa* kun Fulbaana 1, 2025 irraa eegalee hojiirra kan oolan yoo ta'u, kadhimamtoota qormaataa qormaanni isaanii Fulbaana 1, 2025 booda raawwatamuu irratti yeroo jalqabaaf raawwatiinsa ni qabaatu.

Garaagarummaan afaanii gosoota afaanii dhuunfaa *tooftaawwan qormaataa* gidduutti yoo uumame, gosni afaan Jarmanii olaantummaa qabaata.

Legende zu Formatierungen:
VERSAL: Prüfungsnamen und Prüfungsteile (z. B. „Prüfungsteil SPRECHEN")
*kursiv:* Dokumentenbezeichnungen, Eigennamen, Verweise (z. B. „Der *Antwortbogen* wird …")

# ANHANG

## Zusätzliche Regelungen zur Durchführung digitaler Deutschprüfungen

Digitale Deutschprüfungen werden in Präsenz an einem Laptop des Prüfungszentrums des Goethe-Instituts abgelegt. Abweichend oder zusätzlich zu den oben stehenden Regelungen gilt Folgendes:

**1. Abweichend von 1.2 (Prüfungsmaterialien) gilt:**

Sämtliches Prüfungsmaterial der Module/Prüfungsteile LESEN, HÖREN und SCHREIBEN wird den Prüfungsteilnehmenden mittels einer Testplattform digital vorgelegt und von diesen digital bearbeitet. Die Prüfungsteilnehmenden verfassen ihre Texte mit einer deutschen Tastatur. Das digitale Material entspricht inhaltlich der papierbasierten Prüfung. Die Übertragung auf Antwortbögen entfällt, da die Prüfungsteilnehmenden ihre Lösungen und ihre Texte direkt auf der Testplattform eingeben. Eine Änderung ihrer Lösungen und ihrer Texte ist so lange möglich, bis das jeweilige Modul bzw. bei nicht-modularen Prüfungen die schriftliche Prüfung abgegeben wurde bzw. die vorgegebene Prüfungszeit abgelaufen ist.

Die Teilnehmenden können am Anfang jedes Moduls bzw. bei nicht-modularen Prüfungen zu Beginn der schriftlichen Prüfung ein Tutorial mit Erklärungen zum Umgang mit der Testplattform ansehen. Die Prüfungszeit startet erst danach.
Die Texte zum Modul/Prüfungsteil HÖREN werden direkt durch die Testplattform über Kopfhörer ausgespielt.

Beim Modul/Prüfungsteil SPRECHEN erhalten die Prüfungsteilnehmenden die Aufgaben weiterhin auf Papier.
Für alle Module/Prüfungsteile können die Prüfungsteilnehmenden bei Bedarf vom Prüfungszentrum gestempeltes Konzeptpapier erhalten.

**BARRUU DABALATAA**

## Tooftaawwan dabalataa bulchiinsa qormaata dijitaalaa Jarmaniit:

Qormaanni Dijiitaalaa Jarmanii laaptooppii wiirtuun qormaataa Goethe-Institut dhiyeessu irratti qaamaan fudhatama. Tooftaawwan armaan oliitti dabalataan ykn irraa maquu keessatti, kanneen armaan gadii raawwatiinsa ni qabaatu.

**1. 1.2 (Leeccalloowwan qormaataa) akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu:**

Leeccalloowwan qormaataa moojuloota /kutaalee dubbisuu , dhaggeeffachuu fi barreessuu hunduu karaa waltajjii qormaataatiin kaadhimamtootaaf haala dijiitaalaan kan dhiyaatan yoo ta'u, isaanis karaa dijiitaalaatiin kan xumuramanii dha. Kaadhimamtootni barreeffamoota isaanii kiiboordii Jarmanii fayyadamuun qindeessu. Qabiyyeen leeccalloowwan dijiitaalaa kan qormaata waraqaa irratti hundaa'ee wajjin walsima. Kaadhimamtootni deebii fi barreeffama isaanii kallattiin waltajjii qormaataa irratti waan galchaniif, deebii gara waraqaa deebii irratti dabarsuun hin barbaachisu. Kaadhimamtootni deebii fi barreeffamoota isaanii hanga moojuliin dhimmi ilaallatu galutti, ykn qormaata moojularii hin taane yoo ta'e qormaanni barreeffamaa hanga galutti, ykn yeroon qormaataa ramadame darbutti fooyyessuu ni danda'u.
Jalqaba tokkoo tokkoo moojulii irratti, ykn qormaata moojularii hin taane yoo ta'e jalqaba qormaata barreeffamaa irratti, kaadhimamtootni barnoota-leenjii akkaataa itti fayyadama waltajjii qormaataa ibsu ilaaluu danda'u. Yeroon qormaataa kana booda qofa eegala.
Barreeffamoonni moojulii/kutaa qormaataa dhaggeeffachuu; kallattiin karaa waltajjii qormaataa bilbila Gurraa tiin taphatamu.
Moojulii/kutaa qormaataa DUBBACHUUF, kaadhimamtootni dalagaawwan waraqaa irratti argachuu itti fufu.
Moojuloota/kutaalee qormaataa hundaaf, kaadhimamtootni, yoo barbaachise wiirtuu qormaataa irraa waraqaa wixinee chaappaa qabu argachuu ni danda'u.

**2. Abweichend von § 4 (Bewertung) gilt:**

Die Aufgaben mit vorgegebenen Antwortmöglichkeiten in den Modulen/Prüfungsteilen LESEN und HÖREN werden technisch automatisiert durch die Testplattform bewertet. Bei den Modulen/Prüfungsteilen SCHREIBEN und SPRECHEN werden die Bewertungen durch zwei voneinander unabhängig Prüfende/Bewertende direkt auf der Testplattform eingegeben. Die Bewertungskriterien entsprechen den Bewertungskriterien der papierbasierten Prüfung. Die Prüfenden und Bewertenden authentifizieren sich auf der Testplattform durch individuelle Login-Daten, daher entfällt die Notwendigkeit einer Unterschrift.

**2. § 4 (Madaallii) akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu:**

Dalagaawwan filannoowwan deebii dursanii ibsaman qaban moojuloota /kutaawwan qormaataa dubbisuu fi dhaggeeffachuu keessatti waltajjii qormaataatiin haala ofiin-hojjetuun madaalamu. Moojuloota/kutaalee qormaataa barreessuu fi dubbachuuf, madaalliiwwan kallattiin waltajjii qormaataa irratti qortoota/madaaltoota walaba ta'an lamaan galfamu. Ulaagaaleen madaallii kanneen qormaata waraqaa irratti hundaa'ee wajjin walsimu. Qortootnii fi madaaltotni odeeffannoo seensaa dhuunfaa fayyadamuun waltajjii qormaataa irratti of mirkaneessu. kanaaf mallatteessuun hin barbaachisu.

**Zusätzliche Regelungen zur Durchführung von Online-Deutschprüfungen**

Online-Deutschprüfungen werden unter bestimmten Voraussetzungen (vgl. zusätzliche Regelungen in den Anhängen der *Prüfungsordnung* und *Durchführungsbestimmungen*) ortsunabhängig an einem privaten Desktop-Computer oder Laptop abgelegt. Für Online-Deutschprüfungen gilt Folgendes:

**Tooftaawwan dabalataa bulchiinsa qormaata Jarmanii toora interneetaa irraat:**

Qormaanni Jarmanii toora interneetii irratti kennamu kompiitara deeskitooppii dhuunfaa ykn laaptooppii irratti bakka kam irraayyuu kan fudhatamu yoo ta'u, haal-dureewwan murtaa'an kan guutaman ta'u *tooftaawwan* dabalataa odeeffannoo dabalata *tooftaawwan qormaataa* fi jalatti kennaman ilaalaa). Kanneen armaan gadii qormaatilee Jarmanii toora interneetaa irraatti raawwatiinsa qabu:

**1. Abweichend von 1.2 (Prüfungsmaterial) gilt:**

Sämtliches Prüfungsmaterial der Module/Prüfungsteile LESEN, HÖREN und SCHREIBEN wird den Prüfungsteilnehmenden mittels einer Testplattform digital vorgelegt und von diesen digital bearbeitet. Das digitale Material entspricht inhaltlich der papierbasierten Prüfung. Die Übertragung auf Antwortbögen entfällt, da die Prüfungsteilnehmenden ihre Lösungen und ihre Texte direkt auf der Testplattform eingeben. Eine Änderung ihrer Lösungen und ihrer Texte ist so lange möglich, bis das jeweilige Modul bzw. bei nicht-modularen Prüfungen die schriftliche Prüfung abgegeben wurde bzw. die vorgegebene Prüfungszeit abgelaufen ist.

Die Teilnehmenden können am Anfang jedes Moduls bzw. bei nicht-modularen Prüfungen zu Beginn der schriftlichen Prüfung ein Tutorial mit Erklärungen zum Umgang mit der Testplattform ansehen. Die Prüfungszeit startet erst danach.

**1. 1.2 (Leeccalloowwan qormaataa) akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu:**

Moojuloota/kutaalee DUBBISUU, DHAGGEEFFACHUU fi BARREESSUU hundi karaa waltajjii qormaataatiin kaadhimamtootaaf haala dijiitaalaan kan dhiyaatan yoo ta'u, isaanis karaa dijiitaalaan kan xumuramanii dha. Qabiyyeen leeccalloowwan dijitaalaa kan qormaata waraqaa irratti hundaa'ee wajjin walsima. Kaadhimamtootni deebii fi barreeffama isaanii kallattiin waltajjii qormaataa irratti waan galchaniif, deebii gara waraqaa deebii irratti dabarsuun hin barbaachisu. Kaadhimamtootni deebii fi barreeffamoota isaanii hanga moojuliin dhimmi ilaallatu galutti, ykn qormaata moojularii hin taane yoo ta'e qormaanni barreeffamaa hanga galutti, ykn yeroon qormaataa ramadame darbutti fooyyessuu ni danda'u.

Jalqaba tokkoo tokkoo moojulii irratti, ykn qormaata moojularii hin taane yoo ta'e jalqaba qormaata barreeffamaa irratti, kaadhimamtootni barnoota-leenjii akkaataa itti fayyadama waltajjii qormaataa ibsu ilaaluu danda'u. Yeroon qormaataa kana booda qofa eegala.

Die Texte zum Modul/Prüfungsteil HÖREN werden direkt durch die Testplattform über den Lautsprecher ausgespielt.

Barreeffamoonni moojulii/kutaa qormaataa DHAGGEEFFACHUU kallattiin karaa waltajjii qormaataabilbila gurraa tiin taphatamu.

**2. Zusätzlich zu 2.1 (Vorbereitung) gilt:**

**2. 2.1 (Qophii) itti dabalataan, kanneen armaan gadii raawwatiinsa ni qabaatu:**

2.1 Die Prüfungsteilnehmenden verwenden einen Desktop-Computer oder Laptop mit Netzbetrieb, stabiler Internetverbindung, integriertem Mikrofon, integriertem/externem Lautsprecher und integrierter/externer Webcam.

2.1 Kaadhimamtootni qormaataa kompiitara deeskitooppii ykn laaptooppii wiirtuu raabsaa waliin quunamsiifame, qunnamtii interneetii tasgabbaa'aa, maaykiroofoonii of keessaa qabu, sagalee guddiftuu keessaa/alaa fi kaameera-marsariitii (weebkaamii) keessaa/alaa qabu fayyadamuu qabu.

2.2 Die Tastatursprache ist auf Deutsch eingestellt.

2.2 Afaan kiiboordii afaan Jarmanii irra kaa'amuu qaba.

2.3 Die Prüfungsteilnehmenden stellen die Erfüllung der **technischen Voraussetzungen**, die im Folgenden sowie im Buchungsprozess aufgeführt werden, für die Prüfungsdurchführung eigenverantwortlich sicher:

2.3 Kaadhimamtootni qormaataa qormaanni akka gaggeeffamuuf **ulaagaaleen teeknikaa** armaan gaditti tarreeffamanii fi kan yeroo adeemsa galmaa'uu guutamuu isaanii mirkaneessuuf itti gaafatamummaa dhuunfaa qabu.

**Technische Voraussetzungen:**

Gerät:
- Desktop-, Laptop-Computer oder Chromebook
- Sicherheitsüberprüfung und ggf. zweite Kamera: Smartphone

Monitor:
- ein Monitor oder Bildschirm
- mehrere Monitore oder Doppelbildschirme sind nicht zulässig

Lautsprecher/Mikrofon:
- interner oder externer Lautsprecher sowie ein im Computer oder der Webkamera integriertes Mikrofon
- Kopfhörer mit oder ohne eingebautes Mikrofon oder In-Ear-Kopfhörer sind nicht zulässig.

Kamera:
- Integrierte Kamera oder eine separate Webkamera
- Hinweis: Die Kamera muss so bewegt werden können, dass die Prüfungsaufsicht einen 360°-Blick auf den Raum, einschließlich der Tischoberfläche und Tischunterseite, erhält.
- Ggf. Smartphone als zweite Kamera

**Ulaagaalee teeknikaa:**

Meeshaa:
- Desktooppii, laaptooppii ykn chromebook;
- Sakatta'iinsa nageenyaa fi yoo barbaachisaa ta'e, kaameraa lammaffaa fi bilbila ismaartii;

Moniiterii:
- Moniiterii ykn iskiriinii tokko;
- Moniterii baayyeen ykn iskiriiniin dachaa hin hayyamamu;

Sagale-guddiftuu/maayikiroofoonii:
- Sagalee guddiftuu keessaa ykn alaa fi maaykiroofoonii (Sagale-guddistuu) kompiitara ykn weebkaamii keessatti hidhama;
- Bilbila gurraa kan maaykiroofoonii of keessaa qabu ykn hin qabne ykn bilbilli gurra keessaa hin hayyamaman;

Kaameeraa:
- Kaameeraa keessatti ijaarame ykn weebkaamii addatti ba'e;
- Hubachiisa: Kaameeraan akka to'annoon qormaataa kutaa sanaa 360° ilaalluu danda'amuu-tti socho'uu danda'uu qaba; kunis irra keessa minjaalaa fi jala dabalatee;
- Bilbila ismaartii akka kaameraa lammaffaatti, yoo barbaachisaa ta'e;

Browser:
- Google-Chrome™-Browser
- Browser des Dienstleisters für die virtuelle Prüfungsüberwachung wird beim Technik-Check und am Prüfungstag bereitgestellt.

Biroowserii:
- Biroowserii Google ChromeTM;
- Biroowseriin dhiyeessaa tajaajila to'annoo qormaataa verchuwaaliin kennamu yeroo sakatta'iinsa teeknikaa fi guyyaan qormaataa akka argamu ni taasifama;

Internetverbindung:
- Erforderlich: Upload- und Download-Geschwindigkeit von 5 Mbit/s
- Empfehlung: 10 Mbit/s

Quunnamtii interneetaa:
- Barbaachisaa: saffisa olfe'uu fi buufachuu 5 Mbit/s;
- Kan gorfamu: 10 Mbit/s;

2.4 Unmittelbar vor der Prüfungsdurchführung müssen alle Computer-Anwendungen und Programme geschlossen sein, die nicht für die Prüfung relevant sind.

2.4 Qormaanni osoo hin jalqabin dura battalumatti, aplikeeshiniiwwan (iyyannoowwan) kompiitaraa fi sagantaaleen qormaata waliin wal hin qabanne hundi cufamuu qabu.

**3. Abweichend von 2.2 (Ablauf) gilt:**

**3. 2.2 (Adeemsi) akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabu:**

3.1 Die Prüfungsteilnehmenden sorgen dafür, dass sie die Prüfung in einem störungsfreien Raum mit adäquaten Licht- und Sitzverhältnissen ablegen. Räume mit mehr als einer Tür oder mit großen Glasfronten sind nicht erlaubt.

3.1 Kaadhimamtootni qormaata kana kutaa tasgabbaa'aa ibsaa fi teessoo gahaa qabu keessatti akka taa'an mirkaneessuu qabu. Kutaawwan balbala tokkoo ol qaban ykn kara fuula duraa fuullee guddaa qaban hin hayyamaman.

3.2 Während der Prüfung befinden sich außer dem/der Prüfungsteilnehmenden keine weiteren Personen oder Haustiere im Raum, Tür und Fenster werden geschlossen.

3.2 Yeroo qormaataa, qoramtootaan alatti namoonni ykn beeyiladni manaa biroo kutaa san keessa akka seenan hin hayyamamu; balbaloonnii fi foddaaleen cufamanii turuu qabu.

3.3 Zur Sicherstellung, dass während der Prüfung keine weiteren Personen den Raum betreten, müssen Arbeitsplatz und Webcam so ausgerichtet werden, dass der/die Prüfungsteilnehmende und die Tür permanent im Bild sind.

3.3 Yeroo qormaataa namoonni biroo kutaa san akka hin seenne mirkaneessuuf, buufanni-hojii, weebkaamiin qoramaa fi balballi dhaabbataa dhaan akka mul'atanitti kaa'amuu qabu.

3.4 Der Prüfungsplatz wird so eingerichtet, dass die Arbeitsfläche leer ist und sich außer dem Desktop-Computer mit Monitor oder Laptop, Lichtbildausweis, ggf. Tastatur und Lautsprecher keine weiteren Gegenstände auf dem Tisch befinden. Wenn der Arbeitstisch über Schubladen verfügt, müssen diese vor der Prüfung leergeräumt werden. Hierzu erfolgt eine Kontrolle.

3.4 Bakki qormaataa akka bakka hojii ifaa ta'uu fi kompiitara deeskitooppii monitorii ykn laaptoopii waliin jiru malee wanti biraa akka hin jirretti, Waraqaa Eenyummaa suuraa qabu, fi yoo barbaachisaa ta'e, kiiboordii fi sagalee guddiftuun minjaala irra akka taa'utti qophaa'uu qaba. Yoo deeskiin/minjaalli baafata qabaate, kanneen qormaata dura duwwaa godhamuu qabu. Kana mirkaneessuuf sakatta'iinsi ni gaggeeffama.

3.5 Zur Überprüfung der Einhaltung der Prüfungsbedingungen führt die Prüfungsaufsicht zusammen mit dem/der Prüfungsteilnehmenden eine Überprüfung des Raums per Webcam durch.

3.5 Haalli qormaataa akka eegamu mirkaneessuuf, to'annoon qormaataa kaadhimamaas ni taasiifama.

3.6 Der/Die Prüfungsteilnehmende muss während der ganzen Prüfung erkennbar sein. Das Gesicht und die Ohren des/der Prüfungsteilnehmenden müssen während der gesamten Prüfung sichtbar sein und dürfen nicht verdeckt werden.

3.6 Kadhimamaan guutummaa qormaata keessatti adda baafamuu danda'uu qaba. Fuulli fi gurri kaadhimamaa guutummaa guututti qormaataa keessatti mul'achuu qaba malee haguugamuu hin qabu.

3.7 Smartwatches, analoge Uhren, Schmuckstücke im Gesichtsbereich, Haarschmuck sowie gesichtsnahe Accessoires, wie z.B. Tücher, Schals, Krawatten, dürfen während der Prüfung nicht getragen werden, um zu gewährleisten, dass keine unerlaubten technischen Hilfsmittel benutzt werden.

3.7 Sa'aatiin ismaartii, sa'aatii anaaloogii, faaya naannoo fuulaatti uffatamu, meeshaalee rifeensaaf oolanii fi meeshaaleen naannoo fuulaatti uffataman kanneen akka fooxaa mormaa, shaawulii fi sabbataa, yeroo qormaataatti gargaarsi teeknikaa irraa hayyama hin qabne uffatamuu hin qaban.

3.8 Mobiltelefone und weitere mobile Endgeräte müssen nachweislich ausgeschaltet und außerhalb der Reichweite des/der Prüfungsteilnehmenden deponiert werden.

3.8 Bilbiloonni harkaa fi meeshaaleen sochootuu biroo haala agarsiifamuun (mullatuun) cufamanii bakka qoramaan hin qaqqabne kaa'amuu qabu.

3.9 Prüfungsteilnehmende verpflichten sich, die vorbereitenden Schritte zur Prüfungsdurchführung sowie die Hinweise der Prüfungsaufsicht zu beachten und Anweisungen umzusetzen.

3.9 Kaadhimamtootni tarkaanfiiwwan qophii qormaataa fi qajeelfamoota to'annoo qormaataa akka eegan, akkasumas qajeelfamoota kennaman akka hordofan waadaa ni seenu.

3.10 Der schriftliche Teil der Online-Deutschprüfung findet als Einzelprüfung statt. Der Prüfungsteil/Das Modul SPRECHEN wird abhängig von den Gegebenheiten am Prüfungszentrum entweder als Einzel- oder Paarprüfung durchgeführt.
Die zeitliche Organisation der Prüfung erfolgt gemäß 1.4.: Falls während der schriftlichen Prüfung ein Toilettengang erforderlich ist, wird der Zeitplan beibehalten und die Prüfungszeit nicht verlängert.

3.10 Kutaan barreeffamaa qormaata Jarmanii toora interneetaa akka qormaata dhuunfaatti raawwatama. Moojuliin/kutaan dubbachuu haala wiirtuu qormaataa jiru irratti hundaa'uun akka qormaata dhuunfaatti ykn qormaata dachaatti gaggeeffama.
Yeroon qormaataa akkaataa 1.4-tiin qindaa'a. Yeroo qormaata barreeffamaa boqonnaan mana fincaanii yoo barbaachise, sa'aatiin ni eegama, yeroon qormaataa garuu hin dheeratu.

**4. Abweichend von § 4 und § 5 (Bewertung) gilt:**

Die Aufgaben mit vorgegebenen Antwortmöglichkeiten in den Modulen/Prüfungsteilen LESEN und HÖREN werden technisch automatisiert durch die Testplattform bewertet. Bei den Modulen/Prüfungsteilen SCHREIBEN und SPRECHEN werden die Bewertungen durch zwei voneinander unabhängig Prüfende/Bewertende direkt auf der Testplattform eingegeben. Die Bewertungskriterien entsprechen den Bewertungskriterien der papierbasierten Prüfung (siehe dazu § 4 und § 5). Die Prüfenden und Bewertenden authentifizieren sich auf der Testplattform durch individuelle Login-Daten, daher entfällt die Notwendigkeit einer Unterschrift.

**4. § 4 fi § 5 (Madaalliin) akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa ni qabaatu:**

Dalagaawwan deebii filannoo moojuloota/kutaalee qormaataa DUBBISUU fi dhaggeeffachuu keessatti qaban, waltajjii qormaataatiin haala ofiin-hojjetuun madaalamu. Moojuloota /kutaalee qormaataa BARREESSUU fi DUBBACHUUF, madaalliiwwan qortoota/madaaltota of danda'an lamaan kallattiin waltajjii qormaataa irratti galfamu. Ulaagaaleen madaallii kanneen qormaata waraqaa irratti hundaa'ee wajjin walsimu (Kutaa §4 fi §5 ilaalaa). Qortootnii fi madaaltotni odeeffannoo seensaa dhuunfaa fayyadamuun waltajjii qormaataa irratti of mirkaneessu; kanaaf mallatteessuun hin barbaachisu.

© 2025 Goethe-Institut e.V.
Bereich 41 – DaF-Prüfungen
www.goethe.de/pruefungen